ARADDAA-MANA BARUMSAA ST. ANTOONII-NIIWU BIRAAYITAN

Karoora Mana Barumsaatti Qaamaan Deemanii Barachuutti Nagaan Deebiyuu

Kan haara'e: 6/9/2021

Gabatee Qabiyyee

Seensa 1

Koree Adda 1

Gartuuwwan Deeggarsaa Naannoo Gartuuwwan Deegarsa Naannoo MDE, MDH fi gamtaawwan tajaajila naannoo waliin ta'uudhaan hundeeffame. Hundeeffamuun Gartuuwwan Deegarsa Naannoo yeroo isaa haala eeggateen haalotaaf deebiiwwan fudhachuun araddaawwan manneen barnootaa gargaara. 2

Malawwan Komunikeeshinii 2

Fayyaafi Nageenya Sammuu 3

Malawwan Gabaasuu 3

TLeenjiifi Barnoota 3

Leenjii Qaxxamursoofi Hafuu Karoorsuu 4

Sakatta'insawwan 5

Wantota Hawaasni Eegu 5

Harka dhiqachuu 5

Haguuggiiwwan Fuulaa 5

Dhaabbilee 6

Danqaawwan Argaman 6

Walitti qabamuufi Keessummoota Daawwannaaf Dhufan 7

Siistemoota Qilleensi Akka Galu Taasisan 7

Bakka Ilaalcha keessa galchuu 7

Dirreewwan Taphaa 7

Laabii Kompiitaraa 7

Mana-kitaabaa 7

Tekinooloojii 7

Jiminaaziyeemii 8

Kutaawwan Itti Qollofamu 8

Atileetiksii: QophiiwwanIspoortii, Wiirtuuwwan Jabeenya Waamaa, Bakka Bishaan Daakan 8

Dareewwan Barnootaa 8

Drinking Fountains 9

Kaafteeriyaa 9

Kutaa Narsii/Bakkeewwan Adda Itti Ba'an 9

Bakka Waloo Mana Barumsaa Olaanaa 9

Dhufuufi Deemuu 9

Geejjiba 10
Malawwan Dhaabbileen Ittiin Qulqulleessaniifi Wantota Ilaalcha keessa Galan 10
Qulqulleessuu Keessatti Wantota Ilaalcha Keessa Galfaman 10
Yeroo Mara Qulqulleessuu 11
Bakka namni COVID_19 qabamuun shakkame ykn mirkanaa'etti akka itti qulqulleessan 11
Qulqullina Addaa Ilaalcha Keessa Galuu Qaban 11
Shakkii qabamuu ykn kan Mirkanaa'an Haalaan Qabachuu 12
Qoratamuu Haala barbaachisaa ta'u irratti hundaa'uun qoratamuun barbaachisaa ta'uu danda'a. MDH eenyu qoratamuu akka qaburratti harmaan gaditti qajeelfama kenneera. 12

Seensa

Bitootessa bara 2020 keessa sababii weerara COVID-19 irraa kan ka'eefi Ajaja Murtee Atattamaa bulchaa 20-02, gaafa Bitootessa 15, 2020 ba'een Araddaan-Mana Barumsaa St. Niiwu Biraayitan (SANB) gamoowwan mana barumsaa isaa cufeera. Yaadachiisa semisteera Birraafi yeroo bara barnootaa 2020-21tiif, barattoonni moodeliiwwan barnootaa gara garaa keessatti hirmaatan (Barnoota Fagoo, Barnoota Makaa Foyyaa'e, Barnoota Makaa Guutuufi Bakkasaa Deemuun Barachuu) sadarkaa COVID-19 naannawaa sanatti ittiin daddarbaa jirurratti hundaa'uudhaan.

Bara barnootaa dhufuuf karoorfachuu keessatti, Gartuun Mudannoo Naannawaa araddichaa yeroo danda'amutti danbiiwwan Qajeelcha Barnoota Minisootaa (MDE), Qajeelcha Fayyaa Minisootaa (MDH) fi Wiirtuu To'annoofi Ittisa Dhukubaa (CDC) ni horofa.

Karoora Mana Barumsaatti Qaamaan Deemanii Barachuutti Nagaan Deebiyuu yaadawwan furmaataa fayyaa hawaasaa yeroo dokumentiin kun qopha'e kan wantota kanneen hammaturratti hundaa'a:

- Maaskii ykn haguuggii fuulaa godhadhu
- Mallattoowwan COVID-19 Sakatta'amuu
- Harka dhiqannaa, qulqullinaafi saanitaayizara godhachuu dabalatee pirootookooliiwwan qulqullina dhuufaa gaarii shaakaluu
- Nama walitti dhufeenya waliin godhame faana dha'uufi adda of baasuu
- Carraaqqiiwwan hawaasaa mana barumsaaf talaaliiwwan dhiyeessuu

Bakki naga qabeessa itti baratan barattootaafi bakki itti hojjetan ammoo hojjetootaaf akka jiraatu taasisuuf karoorri kun qajeelfamawwan CDC, qajeelfamawwan MDH fi ulaagaaleen barbaachisoo MDE ilaalcha keessa kan galchu ta'a. Dokumentiin kun jijjiirama CDC, MDE fi MDH irraa ta'e kamiyyu akka calaqqisiisu gochuuf yeroo yeroon ni haaromfama.

Koree Adda

Naannoon nagaafi fayya qabeessi barattootaafi hojjetootaaf akka jiraatu gochuuf jijjiiramwwan barbaachisanirratti hojjechuuf Araddaan-Mana Barumsaa St. Niiwu Biraayitan (SANB) Garee Mudannoo Naannawaa (LIT) hundeesseera.

Renee Corneille, Supervaayzera	Phan Tu, Daarektara Maallaqaafi Oppereeshinii
Laura Oksnevad, Walitti-qabaa Boordii Mana Barumsaa	Hope Fagerland, Daarektara Tajaajilawwan Barattootaa
Jackie Weber, Maatii	Lori Watzl-King, Qindeessaa Sagantaa COVID-19
Mageen Caines, Maatii	Mark Gibbs, Injiinara Gamoo
Nancy Terry, Pirezedaantiin Yuuniyeenii	Stephen Gingerich, Maatii
Traci Adams, Gargaaraa/tuu Bulchiinsaa	Wendy Webster, Daarektara Barnoota Hawaasaa
Ava Kalenze, Barataa/ttuu	Amy Kujawski, Daarektara

Justin Sawyer, Daarektara	Cassandra Palmer, Walitti-qabaa Itti-aanaa Boordii Mana Barumsaa
Linda Amundsen, Manaajera Tajaajila Nyaata Bilcheessuu	

Lori Watzl-King aradicha keessatti dhimmoota COVID-19 waliin walitti dhiyaatan maraaf tokkoo tokkoo gamoofi bakka qunnamaniif tajaajilawwan akka Qindeessaa Sagantaa COVID-19tti. Warraa COVID-19 irratti argame ilaalchisee aanga'oota fayyaa naannawaa sanaa waliin qindeessuudhaaf isheen itti gaafatamtuudhas. Hojjetoonni mana barumsaafi maatiiwwan hundinuu odeeffannoo isheen ittiin argamtu waan kennamuuf, kuminikeeshiniiwwan COVID-19 waliin walqabatan keessatti hammatama. Qindeessaan Sagantaa COVID-19 yaaddoowwan, rakkoowwaniifi gochawwan ittisa COVID-19 hojjetootarraa, barattootaafi maatii isaaniirraa, mana barumsaafi gaggeessaa araddaa, akkasumas qondaalota fayyaa naannichaarraa akkaataa barbaadamuun walqabatee wantota barataman beeksisu ta'a.

Gartuuwwan Deeggarsaa Naannoo

Gartuuwwan Deegarsa Naannoo MDE, MDH fi gamtaawwan tajaajila naannoo waliin ta'uudhaan hundeeffame. Hundeeffamuun Gartuuwwan Deegarsa Naannoo yeroo isaa haala eeggateen haalotaaf deebiiwwan fudhachuun araddaawwan manneen barnootaa gargaara.

Gaaffiiwwan yeroo ka'anitti, Dr. Renee Corneille, Supervaayzariin, gaggeessaa Gartuu kana qunnama. Isaan booda gaggeessaan gartuu kun araddichaaf furmaatawwan dhiyeessuuf haala jiru ilaalchisee MDH beeksisa. Isaan akka michuu MDE fi MDHtti walumaagala gaaffiiwaniifi yaaddoowwan jiran waliin gargaaruu waan danda'aniif, daangaawwan jiran irratti waan haaraa kennuu akkasumas nama faana bu'uun barbaaduufi qophiiwwan qorannoorratti deeggarsa ni kennu.

Gageessaan Gartuu Deeggarsa Naannoo kan Araddaa Mana Barumsaa St. Antoonii- Niiwu Biraayitan Metro ECSU yoo ta'u karaa kanaan argama http://www.metroecsu.org.

Malawwan Komunikeeshinii

Araddichi karaawwan itti aanan kanaan ergaawwan haaraa dhaabbataadhaan kan gadhiisu ta'a:

- Marsariitii: isd282.org
- SwiftK12 (iimeeliiwwan, bareeffamawwan, ergaawwan sagalee)
- Twitter

Akka barbaachisaa isaatti ergaawwan afaanota hedduudhaan dhiyeessuudhaaf Araddichi ogeessota afaan hiikaniifi tajaajila turjumaanaa kennan waliin hojjeta.

Hojjetoonni, barattoonni, maatiiwwaniifi hawaasichi akka quba qabaatan gochuudhaaf Araichi waan haaraa jiru marsariitiirra itti fufuun galcha. Dabalataan, Araddichi marsariiticharratti Karoora Deebii COVID-19 haaromsuuf itti fufa. Maatiiwwan interneetii argachuu hin andeenyeef ammoo dokumentiiwwan barreeffaman Waajira Araddichaatti ni argamu.

SwiftK12 yeroo barbaachisutti maatiiwwaniifi hojjetootaaf waan haaraa jiran battalumatti dhiyeessaaf.

Bakkeewwan itti aanana kana dabalatee poosteroonni dhaabbaticha keessatti ni dhiyaatu:

- Shaakalawwan harka dhiqannaa gaarii namoota gamoo keessa jiraatan yaadachiisuuf bakka gaandaa harka itti dhiqataniitti
- Namoonni mallattoowwan qaban akka hin seenneef yaadachiisuuf karra seensaarratti

Fayyaafi Nageenya Sammuu

Weerarri COVID-19 namoota baayyeef akka dhiphina, sodaafi mudama taasisa. Araddichi hojjetoonni, maatiiwwaniifi barattoonni (akka umurii isaaniitti) wantota fayyaafi nageenya sammuuf isaan gargaaru akkaataa argachuu danda'anirratti odeeffannii ni dhiyeessaaf.

Araddaan Mana Barumsaa St. Antoonii-Niiwu Biraayitan ogeessota fayyaa sammuu jiran itti aanan kana qaba:

- Saayikoloojistii Mana Barumsa Lama, guutummaa Araaatti
- Wilshaayer Paark: gorsaa mana barumsaa, Lee Kaarlson Saayikoloojistii Fayyaa Sammuu Mana Barumsaatti.
- Mana Barumsaa Giddu-galeessa St. Anoonii: gorsaa mana barumsaa, Lee Kaarlson Saayikoloojistii Fayyaa Sammuu Mana Barumsaatti.
- Mana Barumsaa Sadarkaa Lamaffaa Ganda St. Antoonii: Gorsitoota mana barumsaa 2, Lee Karlson Saayikoloojistii Fayyaa Sammuu Mana Barumsaatti.
- Qabeenyaawwan Hojjetootaa: Araddichi kan hojjetoonni fayyadamuu danda'an sagantaawwan deeggarsa hojjetootaa qaba; odeeffannoon karaa Qabeenyawwan Humna Namaa rabsama.

Malawwan Gabaasuu

Aradaan Mana Barumsaa St. Antoonii-Niiwu Biraayitan maatiiwwan, gudistootaafi hojjetoota yoo ofii isaanii ykn barataa isaanii irratti mallattoowwan COVID-19 mulate ykn qoratamanii irratti argame akka ofii isaanii gabaasaniif ni gaafata. Namni kamuu kan guutummaatti hin talaalamneefi nama COVID-19n qabame waliin walitti dhufeenya qabus Aradichatti gabaasuu qaba.

Maatiiwwan, guddistoonni ykn barattoonni mallattoowwan ykn COVID-19 qabamuun yoo jiraate COVID-19 araichaatti iimeel gochuu (covidhealth@isd282.org) ykn toora hirmaannaa/argamuurratti beeksisu. Haalawwan barataa Tajaajilawwan Fayyaa araddaatu ilaala.

Miseensonni hojjetootaa COVID-19 Araddichaaf karaa iimeelii kana gabaasu (covidhealth@isd282.org). Tarkaanfiiwwan murteessuudhaaf Qindeessaan COVID-19 supervaayizara dhuufaa waliin mariyachuu anda'a.

TLeenjiifi Barnoota

Ramaddiiwwan hojjetootaa itti aanan bakkawwan harmaan gaditti tarreeffaman keessatti Karoora Baasuu Deebisanii Jalqabuuf leenjii fudhataniiru. Ramaddiiwwan hojjetootaaf leenjiin galmaa'e waajira Araddichaa keessatti ni argama.

Hojjetaa Suphaa, Eegumsaafi Tajaajilawwan Soorataa

- Dhugaa COVID-19 yeroo ammaa beekaman
- Malawwan Qulqulleessuuf Saganataa
- Mirga Beekuu Qabaachuu Hojjetaa
- Meeshaa Dhuunfaa Ofirraa Ittiin Ittisan (PPE)
- Karoora Araddootaa Deebisanii Jalqabuu Waliigalatti

<table>
<tr><td colspan="2">

- Barattoota Simpitomaatik Ta’an Adda Baasuu
- Haguuggiiwwan Fuulaa
- Sakatta’insa Fayyaa Guyyuu

</td></tr>
<tr><td>

Hpjjetoota Biroo Hunda

- Dhugaa COVID-19 yeroo ammaa beekaman
- Haala Waliigalaa Qulqulleessaa Eegduu
- Mirga Beekuu Qabaachuu Hojjetaa/PPE
- Wantota Manaa Fudhachuu
- Karoora Araddootaa Deebisanii Jalqabuu Waliigalatti
- Barattoota Simpitomaatik Ta’an Adda Baasuu
- Haguuggiiwwan Fuulaa
- Sakatta’insa Fayyaa Guyyuu
- Yoo Hojjetaan Dhukkubsate Waan Godhaman
- Qulqullina Harkaafi Fayyadama Gowaantii
- Konkolaataatti Farra-jarmii Gochuu (Konkolaachisaa konkolaataa qofa)

</td><td>

Maatiiwwaniifi Gudistoota

- Karoora Araddootaa Deebisanii Jalqabuu Waliigalatti
- Yoo gamoo sanaaf kan ta’u ta’eef, Wantota Manarraa gara Mana Barumsaatti abarsuu
- Jijjiiramawwan Saganteessuu
- Haguuggiiwwan Fuulaa
- Sakatta’insa Fayyaa Barattootaa Guyyuu

* Mallattoo adda baasuu gargaaruuf jecha Araddichi Damee Murtii MDH COVID-19 manatti erga.

</td></tr>
</table>

Leenjii Qaxxamursoofi Hafuu Karoorsuu

Araddaan Mana Barumsaa St. Antoonii-Niiwu Biraayitan akkaataa itti aanan leenjii qaxxaamursoo kanaan hafuu miseensota hojjetootaaf qopheessaa jira:

- Guutummaa Araddichaa keessatti hojjetonni dabalataa gargaartota fayyaa akka ta’aniif leenji’aniiru.
- Waajirri Biizinasii qajeelchicha keessatti qaxxamuraan leenji’eera.
- Bakka buusuu barsiisotaa/bakkawwan dabalataaf jiraachuu danda’uuf qopheessuudhaaf, Araddichi bakka buutotaaf daree barnootaa Googilii mijataa ta’e ramaduuf.

Leenjii qaxxamursaan Araddichi hafuu miseensota barbaachisoo ta’aniif qopheessaa jira. Bakkawwan barbaachisoo ta’anitti miseensonni eeggannaa kaa’aman, harmaan gaditti agarsiifamaniiru.

Itti-gaafatamummaa	Ijoo	Kan Kaa’aman
Kominikeeshiniiwwan	Wendy Webster	Janet Kimmel
Dhaabbilee	Troy Urdahl	Mark Gibbs
Qineessaa COVID-19	Lori Watzl-King	Renee Corneille and Wendy Webster
Narsii Araddaa (RN)	Lori Watzl-King	Narsii Bakka Buutu
Supervaayizara	Renee Corneille	Wendy Webster ykn Troy Urdahl
Barnoota Addaa	Hope Fagerland	Jenny Kuykendall
Atileetiksii	Troy Urdahl	Kelly Woods
Tajaajilawwan Soorataa	Angela Richey	Maria Anderson
Geejjiba	Troy Urdahl	Phan Tu

Manneen Barnootaa Dhuunfaa	Daarektara	Barreessituu/ssee ykn Diinaa Gamoo

Kontiraata Yuuniyeenii dhuunfaa osoo hordofaa jiruu Araichi hanga danda'ametti hojjetootaafi barattoota hammachuudhaaf mijataa ta'ee itti fufuuf karoorfataa jira.

Sakatta'insawwan

MDH namoonni yeroo gara gamichaa seenan akka sakatta'aman barbaada. Namoota gara gamichaa seenan mallattoowwan COVID-19 yaadachiisuuf jecha poosteriin sakatta'insaa MDH COVID-19 galma gamichaarratti ni maxxanfama.

Araddaan Mana Barumsaa St. Antoonii-Niiwu Biraayitan osoo gamoowwan mana barumsaa hin seeniin dura namni hundumtuu akka guyyaa guyyaan sakatta'ina mallattoo akka guutan barbaada. Maatiiwwan daa'ima (mman) isaanii awutoobusii galchuu ykn mana barumsaatti erguun dura sakatta'insa mallattoo Sirina Odeeffannoo Barataa (Skyward – Kan Maatiin Argacuu Danda'u) irratti ni guutu. Barattoonni osoo hin sakatta'amiin mana barumsaa dhufan akka sakatta'insa akka xumuraniif Waajira Fayyaatti ergamu. Gamoowwwan seenuun dura miseensonni hojjetootaa hunduu mallattoowwan sakatta'insa dhukkubaa Sirna Biizinasiirratti (Skyward – kan Hojjetonni Argachuu Danda'an) ni guutu. Yoo duraan guutanii hin turre ta'e, sakatta'insa mallattoo dhukkubaa akka guutaniif hojjetootaaf chromebook tokkoo tokko galma irra ni jira.

Wantota Hawaasni Eegu

Harka dhiqachuu

Tatamsa'ina vaayirasii kamiyyu hir'isuudhaaf shaakalawwan harka dhiqachuu baayyee barbaachisoodha. Shaakalawwan harka dhiqannaa gaarii nama hunda yaadachiisuuf poosteroonni bakka gaandaa harka itti dhiqatan hunda ni kaa'ama.

Galmawwan mana barumsaa sadarkaa tokkffaarratti, naannawaa gamoowwan waajiraaleerratti, hiriira laaqanaarratti qofa saanitaayizariin harkaa ni dhiyaata; harka dhiqannaan ni jajjabeeffama. Saanitaayizariin harkaa guutummaa gamoowwan mana barumsaa Sadarkaa Olaanaa/Giddu-galeessaa ni dhiyaata. Jarmoota hir'isuu keessatti harka dhiqachuun harkatti saanitaayizara gohachuun caalaa bu'a qabeessadha. Haata'u malee, bakka/haalawwan harka dhiqachuun qophaa'ee hin jiraannetti, harkatti saanitaayizara godhachuun fayyaduu danda'a. Hanga danda'ametti harkawwan xoriin irraa mul'atu ykn dibata qabu dhiqatamuu qabu. Hojjetoonni kunuunsaa/eegumsaa hojii qulqulleessuu raawwatan keessatti dhiyeessa saanitaayizarii harkaafi harka dhiqannaa jiraachuu ni ilaalu.

Harka dhiqannaan sirrii barattoota hunda biratti akka baratamu hojjetoonni barsiisan jajjabeessuutu irraa eergama.

Haguuggiiwwan Fuulaa

Barattoonni, hojjetoonniifi keessummoonni daawwannaaf dhufan hunduu gamoowwan mana barumsaafi waajiraaleen Araddichaa keessatti haguugguu fuulaa godhachuun isaanirraa eegama. Haguugguun fuulaa yeroo nyaataan ykn dhugan, yeroo hojjetaan qofaa isaa hojjetuufi yeroo ala keessa ta'utti dabalee bakka rakkisaa ta'etti ykn hin danda'amneetti yeroodhaaf ofirraa fuudhuun ni

danda'ama. Araddaan mana barumsichaa haguuggiiwwan fuulaa barattoota ykn hojjetoota fidachuu dagataniif ni dhiyeessa.

Yeroo qajeelfamni kennamutti, hojjetaan barsiisaa pilaastika fuula haguugu fayyadamuu danda'a. Qajeelfamoota akkaataa sirriitti itti fayyadamaniifi qulqulleessaa waliin carraawwan lamaanuu hojjetotoaaf ni dhiyaata. Haguuggiin fuulaa (pilaastika ifaa fuula haguugu) yeroo haasawaa taasisanitti miira fuulaafi sochiin hidhii akka mullatu waan taasisaniif haalawwan itti aanan keessatti akka haguuggii fuulaatti akka filannootti dhiyaachuu ni danda'u:

- Barattoota Oolmaa daa'immaniirraa hanga kutaa 8ffaa jiraniif, yeroon haguugii fuulaa godhatan rakkisaadha.
- Barsiisotaan (kutaa hundaatti) yeroo haguuggii fuulaa godhatan adeemsa barumsaa danquu danda'a.
- Hojjetootaaf, barattootaaf ykn keessummoota daawwachuuf dhufan warri rakkoo guddina sammuun, fayyaaf, ykn haala fayyaa amalaa irraan kan ka'een godhachuu hin obsineef.
- Hojjetoota tajaajilawwan barataa kallattiin dhiyeessaniif, yeroo haguuggii fuulaa godhatan tajaajila dhiyaatu danqa.

Eegumsa addaatiif, haguuggiin fuulaa fuula duraan areeda jalatti diriirifamuufi gurratti diramuun adda irratti qaawwi jirachuu hin qabaatu.

Yeroo gamoowwan mana barumsaa keessa ta'anitti barattoonni Ollmaa Daa'imaniitii hana kutaa 12ffatti jiran haguugii fuulaa (kan akka maaskii uccuurraa hojjetame, baananaas ykn kan duubaan mormatti qabsiifamu) godhachuuti isaanirraa eegama. Haguuggiin fuulaa imaammata koodii uffannaa Araddichaa hordofuu qaba. Yoo haguuggii fuulaa godhachuun barataaf rakkisaa ta'e barattoonni Ollmaa Daa'imaniitii hanga Kutaa 8ffa jiran haguuggii fuulaa dhiisanii da'oo fuulaa fayyadamuu danda'u. Dabalataan, Sababa guddina samuutiin, amalaarraa kan ka'een ykn haala fayyaa irraan kan ka'e haguuggii fuulaa godhachuu yoo kan hin obsine ta'e barataan kamiyyu da'oo fuulaa godhachuu ni danda'a. Kun Karoora Barnoota Dhuunfaa(IEP) barataa ykn 504 keessatti ragaa ta'ee taa'a.

Yeroo haguuggii fuulaa godhatanitti qajeelfamoonni haguuggii fuulaa MDH hordofamuu qabu. Kunis kan hammatu osoo hin haguuggatiin dura harka dhiqachuu, erga ofirraa fuudhanii booda harka dhiqachuu, irra deddeebiin haguuggii sana tuttuquu dhiisuu, akkasumas qulqullina isaa eeguu. Akkamitti akka haguuggii fuulaa haala naga qabeessa ta'een akka fayyadamanirratti Araddichi dokumantii qajeelfama CDC manatti erga.

Namni kamiyyu rakkoo argansuu qabu ykn of wallaalee jiru, of hin dandeenye ykn gargaarsa malee ofirraa fuuhaa kan hin dandeenye ta'e maaskii akka godhatu hin gorfamu. Daa'imman ofii isaaniitiin hin ta'anneef, akkasumas aa'imman umuriin isaanii waggaa lamaa gai ta'eefis hin gorfamu.

Maaskiin N95 kan ventileetaraa hojjetoota kunuunsa fayyaa warra kallattiin dhukkubsatoota waliin walarganirraa kan hafe namoota dhuunfaatiin sadarkaa kanatti akka godhatamu CDCn hin gorsu, haata'u malee, hojjetoonni barbaanaan filachuu danda'u. Maaskonni ventileetaraa bakka hojiitti fedhiin yoo kan godhataman ta'e, OSHAn ventileetaricha ilaalchisee akka namni dhuunfaa sanaan mallattaa'een unka odeeffannoo fedhiin fayyadamuu ni barbaada.

Dhaabbilee

Danqaawwan Argaman

Aradichi tokkoo tokkoo galma gamoorratti eeskii keessummeessituu/taa biratti danqaawwan tolcheera.

Araddichi maallaqa laaqanaa galchuudhaaf kaffaltaa karaa toora interneetaa (oonlaayinaan) akka kaffalan cimsee jajjabeessa. Maallaqa laaqanaatiif, unkawwaniif, galmeewwan fayyaatiif, iyyannaawwaniif, kkf keessa ol kaawwachuudhaaf ykn karra galmaa tokkoo tokko gamoorratti dhiyeessuudhaaf kan tuttuqqaa hin qabne saanduuqni keessa buusan ni jira.

Walitti qabamuufi Keessummoota Daawwannaaf Dhufan

Aradichi saatiwwan mana barumsaatti daawwattoota barbaachisoo hin taane ni daangessa. Akkasumas bakki itti barataa buusaniifi fudhatan keessatti osoo hin taane alatti akka ta'u jajjabeeffama.

Siistemoota Qilleensi Akka Galu Taasisan

Sistemoonni akka qilleensi galu taasisuu sirriitti akka hojjetan ilaaluuf yeroo yerootti madaalamu. Ulaawwan akka qilleensaawwan karra ala jiran hanga anda'ametti seenaniif ni banamu. Yoo meeshaa qilleensa galchu (ventileetara) qabannaaf mijataa ta'e, kan akka faaniifaatu fayyadma ta'e, carraa jarmoonni qilleensarra jiran ykn vaayirasoonni aerosolized jedhaman daddarbuu danda'an hir'isuudhaaf akka qilleensi kallattiidhaan nama tokkorraa gara nama biraatti akka hin qillensofneef of eegannoo gochuu barbaachisa.

Bakka Ilaalcha keessa galchuu

Dirreewwan Taphaa

Dirreewwan taphaa akkuma banamatti ta'u. Barattoonni dirree taphaa fayyadamuun duraafi booda akka harka dhiqataniif qajeelfamni ni kennamaaf.

Laabii Kompiitaraa

Yoo laabiiwwan faayidaaf akka oolan mirkanaa'oo ta'an, bakki tutuqqaan itti baayyatu yeroo tokkoo tokkoo barumsi itti gaggeeffamu gidduutti farra jarmiitiin barsiisaan ni qulqulleessa, akkasumas hanga danda'amaa ta'etti daree sana keessatti walirraa fageenyi namoota gidduutti akka eegamu ta'a. Yeroo dareewwan laabii kompiitaraa irratti hunaa'e laabicha keessatti hin raawwatamiin bakki sun dhimmoota biroof ooluu danda'a.

Mana-kitaabaa

Manni kitaabaa barattootaaf banaa waan ta'uuf barattoonnis kitaabota ilaallachuu danda'u. Kitaabonni deebiyan osoo gara bakka irra daraaramutti deebisuun dura saatii 24f tura. Aradichi ilaallachuudhaaf kitaabota interneetarraas (e-book) ni qabaata. Barattoonni yerooo mana kitaabaa seenaniifi ba'anitti saanitaayizara harkaa fayyadamu.

Tekinooloojii

Akka dabarsanii waliif qooduun dhabamsiifamu gochuuf tokkoon tokkoon barataa kutaa 3-12 jiran kitaaba kiroom (Chrome book) mataa isaanii kan qabaatan yommuu ta'u, tokkoo tokkoon barataa K-2 jiran ammoo iPad mataa isaanii ni qabaatu. Yeroo rabsamanittis, maatiiwwan/guddistoonni/barattoonnis qulqulleessuurratti qajeelfamawwan ni argatu.

Hojjetootaaf bakkeen koppiii banaa ta'ee kan fayyadu ta'a. Warri maashinii fayyadaman akka xumuraniin akka qulqulleessaniif haxooftuu alkooliitu dhiyaataaf. Poosteriin hojjetoota akka takkaa itti fayyadamnaan qulqulleessuun barbaachisaa akka ta'u yaadachiisu ni maxxanfamaaf.

Tekinooloojiiwaliin itti fayyadamanirratti saanitaayizarri harkaa ni dhiyaata.

Jiminaaziyeemii

Jiminaaziyeemiin kan fayyadu taanaan, barnootaa duraafi booda barattoonni harka isaanii ni dhiqatu. Haalli qilleensaa kan hayyamu taanaan gochawwan alarratti gaggeeffamu. Gochawwan barnootaa meeshaa xiqaa barbaadan ni jajjabeeffamu.

Kutaawwan Itti Qollofamu

Bakkeewwan kutaan kuusaa yeroo hunda ni qulqullaa'u akkasmas, harka dhiqachuufi walirraa fageenya eeggachuufi akka barbaachisaa isaatti maaskii fayyadamuu dabalatee fayyadamtoonni hundinuu pirootookoolota nageenyaa COVID-19 hordofu.

Atileetiksii: QophiiwwanIspoortii, Wiirtuuwwan Jabeenya Waamaa, Bakka Bishaan Daakan

Araddaan Mana Barumsaa St. Antoonii-Niiwu Biraayitan Dokumantii MDH hordofa, *Gajaalfama COVID-19 Ispoortiiwwan Dargaggootaaf* iGa'eessotaaf *(5/28/2021).)*, akkasumas kallattiiwwan Liigii Mana Barumsaa Olaanaa Isteetii Minisootaa (MSHSL) kaa'aman

.

Tokkoo tokkoon sagantaa atileetiksii karoora addaa nageenyaa qabaachuu barbaachisa. Dr. Troy Urdahl, Darektarri Atileetiksii, Gochawwaniifi Dhaabbilee Araddaa Mana Barumsaa St. Antoonii-Niiwu Biraayitan tokkoo tokkoo garee atileetiksiif ykn gochaaf karoorawwan nageenyaa galmeessanii qabatu.

•

Karoorichi warra atileetiksiifi gochawwan mana barumsaa olaanaa keessatti hirmaatan hundaaf ni qoodama.

Wiirtuun jabeenya, tarkaanfiiwwan walirraafageenyaafi farra jarmootaa fayyadamuu hojiirra oolchuudhaan qaamaa ni banama.

Dareewwan Barnootaa

Dareewwan barnootaa meeshaaleen barnootaa barbaachisoo ta'aniin murtaa'aa ta'u. Daree barnootaa keessatti lakkoofsa meeshaaleen dhuunfaa murtaa'oo taasisuun hojjettuu/taa eegumsaaf qulqulleessuu salphaa taasisa. Yeroo kanatti, rakkoo qulqulleessuu waan uumaniif Karoora Barnoota Dhuunfaa Barataaf (IEP) yoo kan barbaadamanirraa hafe meeshaaleen mana sadarkaa isaanii hin eegganne (kursii, teessuma, soofaa dhooqaa, kkf.) daree barnootaa keessatti hin hayyamaman.

Yeroon itti kutaa turan kan hayyamamu ta'a. Hanga danda'ametti walirraa fageenya jajjabeessuuf barattootaaf mallattoon lafa irratti ni hojjetama. Turtii kutaan booda barattoonni harka isaanii ni dhiqatu.

Hanga danda'ametti kallattii tokkotti gargaluun minjaalawwan walirraa faffageeffamu. Bakkeewwan dabalataa, warri akka kaafteeriyaafi galmaa hanga danda'ametti namoota gidduutti walirraa fageenya eeggachuun kan fayyadaman ta'u. Meeshaawwan irraa hafoo ta'an dareewwan barnootaa keessaa ni baafamu.

Drinking Fountains

Barattoonniifi hojjetoonni qaruuraawwan bishaanii dhuunfaa akka fayyadaman ni gorfama. Barattoota qaruuraa bishaanii hin qabneef kubbaayaawwan ni dhiyaatu. Osoo hin tuqiin ditektii gochuun qaruuraa guutuu kan dandeessu fayyadamuun kan jajjabeeffamu yommuu ta'u kun ammoo sagantaa qulqulleessuu hojjettuu/taa eegumsaatti kan dabalamu ta'a.

Kaafteeriyaa

Kaafteeriyaan akkuma banametti ta'a. Hanga danda'ametti walirraa fageenya eeggachuun ni jajjabeeffama. Nama eessa akka jiru faana dha'uuf, barattoonni sadarkaa tokkoffaa hiriyyoota daree isaanii waliin yoo taa'an, kan mana barnootaa giddu-galeessaa/olaanoo ammoo teessumatu ramaamaa.

Kutaa Narsii/Bakkeewwan Adda Itti Ba'an

Waajira fayyaa keessatti, Manni Barumsaa Giu-galeessaafi Sadarkaan Olaanaa kutaa ciisicha isaanii isa guddaa akka kutaa itti adda baasaniitti itti gargaaramu. Kutaan ciisichaa lamaffoon bakka barattoonni hin dhukkubsanne garuu yaaddoo fayyaa madaa'uu/miidhama waliin walqabataniif keessatti hordofuun barbaachisuuf gargaara.

Waajira Fayyaa Wilshaayer Paarkiifi Waajira Fayyaa Mana Barumsaa Giddu-galeessaafi Olaanaatti bakkee kana hanga dana'ametti qulqullina isaa eeguudhaaf karri adda baasu ni tolfamaaf.

Wilshaayer Paarkitti, dugda duubni waajira fayyaa akka bakka adda baasanii tursiisuutti gargaara. Lafa bakka kanaafi waajira fayyaa gidduu jiru adda baasuudhaaf maggaarajaan/golgaan ykn pilaastika ittisutu gargaarama.

Bakkeewwan birootti qorichiifi gargaarsi duraa karaa gaariiwwan gargaarsa duraatiin kennamuu danda'a.

Bakka Waloo Mana Barumsaa Olaanaa

Bakki Waloo Mana Barumsaa Olaanaa fageenya eeggachuu jajjabeessuun banaa kan ta'an ta'u.

Dhufuufi Deemuu

Seensawwan/ba'awwan fi sagantaawwan hanga anda'ametti ni kaa'amu. Hanga dana'ametti walirraa fageenya eeggachuun hojiirra oolfama.

Geejjiba

Geejjibni barataa qajeelfamawwan MDE fi MDH kan hordofu ta'a. Hanga danda'ametti barattoonni walirraa fagaatanii teessifamu.

Marsaawwan hunda gidduutti meeshaawwan qulqullinaa CDCn mirkaneesse fayyadamuun konkolaachiftoota awutobusiin qulqulleessuufi farra jarmiin qulqulleessuun ni raawwatama.

Daa'ima/mman isaanii awutoobusiitti erguun dura maatiiwwan Sirna Odeeffannoo Barataa (Skyward - Family Access) irratti mallattoowwan dhukkubaa sakatta'uu guutu. Kobkolaachistoonni Awutoobusii guyyaa hunda hojii jalqabuun dura mallattoo dhukkubaa sakatta'uu guutu. Mallattoon COVID-19 mul'atu kamiyyu ykn nama COVid-19n qabame tokkotti dhiyaatamnaan mana turuu malee geejjiba qabachuun hin ta'u.

Namni konkolaataa geejjiba mana barumsaan deemu ykn oofu haguuggii fuulaa godhachuu qaba.

Maatiiwwan barattoota akka miillaan geessan, bishkiliitii fayyadaman ykn fidaniii buusaniif ni jajjabeeffamu.

Malawwan Dhaabbileen Ittiin Qulqulleessaniifi Wantota Ilaalcha keessa Galan

Qulqulleessuu Keessatti Wantota Ilaalcha Keessa Galfaman

Saaxilammummaa COVID-19 ittisuudhaaf Araddichi shaakalawwan qulqulleessuu gadi-fagoo qopheesseera.
Wantonni ijoo kan hammatan:

- Hojjetaan eegumsaa QT Pilaas, fara jarmii mirkanaa'aa Tarree Ejensii Kunuunsa Naannoo N irra jiru fayyadama: Farra-jarmootaa SARS-CoV-2 Balleessuuf Fayyadan.
- Bakkichi daqiiqaawwan 10f akkuma jiidhetti turuu qaba.
- SDSn akka ibsutti omisha kana yeroo gargaaramnutti PPEn itti aanan kunneen uffatamuu qabu: gowaantiiwwan ittisan, uffatawwan ittisan, waan ijaafi fuularraa ittisu.
- Baxxeen Daataa Nageenyaa hojjetootaaf karaa MSDSonline ni argama:
    - Baxxee Daataa Nageenyaa argachuu (MSDS) qofti kutaa marsariitii araddichaa "STAFF" jalatti argama. Hojjetaan gara marsariitii MSDSonline aradichaatti galuudhaaf "MSDS" cuqaasuufi paaswoordii "ISD282" fayyadamuu qaba.
- Qabeewwan kunneen mallattoo waliigaltee Siistema Addunyaalessaa Qindaawaa (GHS) dursee mallattoon adda ba'eera.
- Hojjetoonni shaakalawwan qulqullinaa gaarii Mirha Baruu Hojjetaarratti leenjii fuhataniiru. Wantonni galmaa'an Waajira Araddichaa jiru.

Yeroo wantota tekinooloojii ta'an qulqulleessuun barbaachisaa ta'etti meeshaan sun akka hin miidhamne gochuudhaaf haxooftuu alkolii qabdutu faayyada.

Qaruuraawwan biifanitti saanitaayizarri dhangaa nyaataa hin faalleeffi haxooftuun alkoolii barsiisonni dirra jajjabatoo ta'aniifi wantota tekinoloojii ta'an qulqulleessuuf tokkoo tokkoo daree barnootaa keessa

ka'a'amu. Omishaaleen kanneen fayyadamuudhaaf barsiisonni gaawoniiwwaniifi uffata ittisaa kamiyyu uffachuun isaan hin barbachisu.

Yeroo Mara Qulqulleessuu

Akka vaayirasichi hin tatamsaane ittisuuf gargaaruu keessatti MDH fi CDCn yeroo mara qulqulleessuufi farra jarmiin quqlulleessuun akka jiraatu gorsu. Aradichis akkaataa qajeelfamawwan CDCtiin bakkawwan hedduu tutuqaman yeroo mara qulqulleessuun kana raawwata.

Hojjetaan kunuunsaa/eegumsaa keesssaa hojii yeroo mara qulqulleessuu raawwatu gorsawwan itti aanan kanneen hordofa:

1. Gowaantiifi manatsarii/giizaa nageenyaa keemikaala ittisan godhachuu.
2. Yoo bakki sun xuraa'ee kan mullatu ta'e, saamunaafi bishaan fayyadamuun qulqulleessi.
3. Farra jarmootaa dhiyaateefi fooxaafi ykn erbee takkaa fayyadee gatamuun bakkawwan sana qulqulleessi. Amma yeroo kennameetti lafa sana irratti keemikaalli ittiin qulqulleessitu sun akkuma jiidheen turuu qaba.
4. Balfaa kachoo kosii gargaarami. Yeroo guutetti, kosii sana boolla keessa awwaali.
5. Gowaantiiwwan baafadhuu, achiin booda harka kee bishaan ho'aafi saamunaatiin yoo xiqqaate sekondii 20fi sirriitti dhiqadhu.

Bakka namni COVID_19 qabamuun shakkame ykn mirkanaa'etti akka itti qulqulleessan

Namni COVI-19 qabamuun barame ykn shakkame tokko gamoo keessa jiraannaan MDH fi CDCn tarkaanfiin qulqulleessuu dabalataa akka gaggeeffamu gorsu. Qulqulleessuun kallattiiwwan hundaa bakka namni sun itti argame maratti taasifama. Yoo namni sun erga qabamee guyyoota torba ykn isaa ol ta'een booda odeeffannoo dhageesse, CDCn qulqulleessuudhuma idileedhaan/baramaadhaan akka itti fufu gorsa.
Yoo namni qabame ykn qabamuu hin oolu jechuun shakkiin jiraate hojjetoonni eeguumsaa tartiiba qulqulleessaa harmaan gaii kana guuta:

1. Naannicha gadhiisisaa. Kan danda'amu yoo ta'e, akka qilleensi galuuf fodaawwan banii dhiisi.
2. Kan danda'amu taanaan osoo hin qulqulleessiin dura, bakkicha kka sa'aatii 24f ykn isaa oliif qilleensa akka argatu taasisi.
3. Gowaantiiwwan kemikaalota ittisan, uffata qaama haguuganiifi giizaa/manatsarii nageenyaa godhadhu.
4. Yoo bakki sun xuraa'ee kan mullatu ta'e, saamunaafi bishaan fayyadamuun qulqulleessi.
5. Farra jarmootaa/ saanitaayizara dhiyaataniin akkasumas fooxaa fi/ykn erbee takkaa ittiin qulqulleessanii gatan fayyadamuun qulqulleessi. Amma yeroo kennameetti lafa sana irratti keemikaalli ittiin qulqulleessitu sun akkuma jiidheen turuu qaba.
6. Kosii keetiif qabee kosii fayyaami. Yeroo guutetti, kosii sana boolla kosii keessa godhi.
7. Gowaantikee baafachuun harka kee bishaan ho'aafi saamunaatiin sekondii 20f sirriitti dhiqadhu. Uffanno qaama haguugu akkuma qulqulleessuun/farra jarmii itti gochuun booda baafamuun borsaa pilaastikaa qilleensa hin dabarsine keessa kaa'amuu qaba, meeshaan akkasii kun booda laawondarii galuu danda'u.

Qulqullina Addaa Ilaalcha Keessa Galuu Qaban

Ashaangulliitiwwan
Yeroo kanatti, ashaangulliitonni dareewwan keessaa qulqullaa'uufi saanitaayiz godhamuu hin dandeenye hin fayyadaman.

Ashaangulliitonni erga fayyadamaniin booda, kachoo addaa keessa kaa'amuun Hojjettuu Tajaajilawwan Hawaasaan qulqulleeffamu. Ashaangulliitonni maloota harmaan gadii kana fayyadamuun qulqulleeffamu.

Bakka saa'inaa dhiqan keessatti dhiqaa, farra jarmootaa EPAtti galmaa'eeruun saanitaayiz godhi, irra deebiyuun jiistee qilleensarratti gogsi.

Geejjiba
Konkolaataawwaniifi baasonni hojjetootaafi barattoota deeddebisuuf gargaaran tokkoo tokkoo imala taasisaniin booda qulqulleeffamuu qabu. Malli qulqulleessuu Araichaa kan fayyadamudha. Konkolaachistoonni baasii shaakalawwan sirriitti qulqulleessaa irratti leenjii fudhachuun meeshaaleen ittiin qulqulleessaniifi PPEn ammoo ni dhiyaataaf.

Shakkii qabamuu ykn kan Mirkanaa'an Haalaan Qabachuu

Aradaan Mana Barumsaa St. Antoonii-Niiwu Biraayitan shakkii qabamuujiru ykn kan qabamuun mirkanaa'e akka itti aanuun hordofa.

- Hanga maatiidhaan ykn guddistootaan fuudhamutti namichi bakka adda ba'ee qophaa'etti aa baafamanii tursiifamu.
- Yeroo eegaa jiranittis miseensa hojjetaatiin ijaan to'atamu
- Kan of walaaleeru yoo hin taane, arganuudhaaf rakkoo hin qabaanne ykn kan of hin dandeenye yoo hin taane, miseensi hojjetaa ykn namni eegatu maaskii fuulaa godhachuutu irraa eegama.
- Bakkawwan waloo kan akka mana fincaanii, kutaawwan koppii namichi fayydame dabalatee, tartiibawwan qulqulleessuu kutaa qulqulleessuu keessatti tarreefaman hojiirra oolfamu mirkaneeffachuu.
- Renee Corneille, Supervaayzera, waa'ee barataa ykn hojjetaa COVID-19 qabamuu mirkanaa'e jiraannaan gaggeessaa Gartuu naannoo beeksisa.
- Yoo aradicha keessatti namni tokko COVID-19n qabamuu isaa laaboratooriin mirkanaa'e Aradaan Mana Barumsaa fuula COVID-19 marsariitii araddichaarratti ni haaromsa. Sababii icciitii dhuunfaatiif jecha, Araddaan Mana Barumsichaa ibsa tokkoo tokkoo haala namichi irra jiruu qooduu hin danda'u.
- Namicha waliin walitti dhufeenya kan qaban adda baafachuudhaaf Araddaan Mana Barumsaa qajeelcha fayyaa waliin ta'uun hojjeta.
- Hojjetaa ykn barataan kamiyyu qorannoo MDHn gaggeeffameen nama qabameeru waliin walitti dhufeenya yoo qabaate qajeelfamoota waliin addatti akka beeku taasifama.

Yoo namichi gara manaatti deemuudhaan tiraanispoortiin akka isa barbaachisu murtaa'e, Tajaajilwwan Fayyaa maatiiwwan ykn guddistoota barataa akka barataa dhukkubsate kana geejjibaan geessaniif qunnama. Maatiiwwan ykn guddistoonni erga beeksifamaniin booda gara manaatti geessuuf tiraanispoortii daqiiqaawwan 60 keessatti mijeessuu qabu. Wallaansi fayyaa kan barbaachisu yoo ta'e 911 tti ni bilbilama.

Qoratamuu

Haala barbaachisaa ta'u irratti hundaa'uun qoratamuun barbaachisaa ta'uu danda'a. MDH eenyu qoratamuu akka qaburratti harmaan gaditti qajeelfama kenneera.

- Namni kamuu mallattoowwan kamiyyu qabu, duraan COVID-19 kan qabanii turan ykn guutummaatti talalamaniiru ta'ellee.

- Nama kamuu kan guutummaatti hin talalamiin nama COVID-19 qabame waliin walitti dhufeeru. Nama COVID-19n qabame waliin walitti dhufeenya erga gooteen yoo xiqqaate guyyoota shaniin booda osoo qoratamtee baayyisee gaariidha.
- Nama guutummaatti hin talallamiiniifi hojii bakka saaxilamuuf carraa guddaa qabu kan akka walga'ii guddaa mana keessaa, qophii alaa kan namoonni maskii hin godhanneefi faana 6 walirraa fagaachuu hin dandeenyetti argame kamiyyu.
- Nama guutummaatti hin talalamiiniifi barsiisota, warreen kunuunsa daa'immanni dhiyeessaniifi leenjistoota dabalate namoota baayyeetti dhiyaachuun hojjetu kamiyyu.
- Nama guutummaatti hin talalamiiniifi barnoota qaamaan deemuun baratan, hojiiwwan barnoota idileen alaa, yk hojiiwwan ispoortiirratti hirmaate kamiyyu.
- Qorannoon bal'aan hojjetootaafi barattootaaf kan barbaachisu yoo ta'e, isteetiin Minisootaa hojjetootaafi barattootaaf saamuudawwan gara laaboraatooriitti deddeebisuuf tajaajila ejentii akka fayyadamaniif qorannoowwan mana keessaa dhiyeessuun ni deeggara.

Adda of-baasuu

Barattootaafi hojjetoota hin talaalamiin nama COVID_19n qabametti dhiyaataniif yeroo adda of baasuu gabaabbate guyyoota 10 adda of baasan Araichi ni hordofa.

Haalli talaallii isaanii waan fedhe ta'eyyu barattotoaafi hojjetoota mallattoowwan COVID-19 qabaniif Dameen Murtii COVID-19 harmaan gaditti agarsiifame kun ni fayyada.



Talaalliiwwan

Hawaasa mana barumsaaf talaalliiwwan Covid dhiyeessuudhaaf Araddichi dhaabilee naannawaa waliin michoomuu itti fufa.